

BIYYAA ARI'AMUU  
FI EYYAMA  
JIREENYAA

ODEEFFANNOO,  
OF-EEGGANNOO &  
FUULDUREE



# QABIYYEE

1. Seensa.....	3
2. Namoonni armaan gadii balaa keessa hin jiran.....	4
3. Namoonni armaan gadii balaa keessa seenuu malu .....	7
4. Namootni Passpoortii fi Waraqaa ragaa dhalootaa hin qabne ni ari'amuu? .....	9
5. Biyyaa ari'amuun akka dhiyaate agarsiistuu .....	10
6. Ari'amuu maaltu dhorka? .....	11
7. Carraawan fi karaaleen kan biroon jiran maali? .....	17
8. Mirga turtii namoota maraaf – Namni seeraan-alaa hin jiru! .....	20

# 1. Seensa

---

Dimshaashaan biyyaa ari'uun fi beellamootni akkasii yeroo baayyee shakkii fi sodaa akka dhuunfaatti biyyaa ari'amuu keessa nama galchu. Kanaaf asitti kan ibsuu barbaannu, eenyu biyyaa ari'amuuf balaa keessa akka galuu maluu akkasumas eenyu akka baraaramuu danda'uu dha.

Nuti hubachiisota of-eeggachistuu kanaan waa'ee mirgoota Baqattootaa barsiisuu fi haa xiqqaatu sodaa waa'ee biyyaa ari'amuu jiru namarraa kaasuu yaaluu feena. Ibsuun kan barbaachisu, namni tokko balaa biyyaa ari'amuu jela jira moo hin jiru kan jedhu dha. Yoo jira ta'e, karaaleen itti biyyaa ari'amuu jalaa oolanni jiru. Kanaaf ammoo gorsi karaa abukaatotaa ykn wiirtuuwwan gorsaa dirqama ta'a. Dabalataan gargaarsi tola-ooltotaa, hiriyootaa, manneen barumsaa ykn bakka hojii illee nama nama fayyada. Hanguma hariroon kee guddatuun, akkasuma gaarii siif ta'a.

**Maaloo hubadhaa: Barreeffamni kun guutuu dha jechuu hin dandeenyu: gorsa dhimma eyyama jirenyaa karaa abukaatoowwan ykn wiirtuuwwan odeeffannoo kennamanis bakka hin bu'u.**

## **2. Namoonni armaan gadii balaa keessa hin jiran**

---

### **Kooluu kan argatan fi baqattooni eyyama jirenyaa qaban**

(waraqaa ragaa yeroo muraasaa ykn ragaa eyyama jirenyaa akka Seera Eyyama Jirenyaa keewwata 25 Buusa. 1 fi Buusa. 2 Hima. 1tti) biyyaa ni ari'amuun jedhanii sodaachuu hin qaban. Waraqaan eyyama jirenyaa akka seeraatti waggaa 3f kennama. Waggaa 5 booda ulaagaan murtaa'e erga guutamee eyyamni jirenyaa hin daangeffamne kennamuu danda'a.

### **Ilaalcha namoomaan eyyama kan argatan fi namoonni waraqaa biyyaa ari'amuun dhorku qaban**

(waraqaa ragaa yeroo muraasaa ykn ragaa eyyama jirenyaa akka Seera Eyyama Jirenyaa keewwata 25 Buusa. 2, Hima. 1 akkasumas keewwata 25 Buusa. 3) illee biyyaa ni ari'amuun jedhanii sodaachuu hin qaban. Eyyamni jirenyaa kun waggaa tokkoof kennama, ni dheereffamas. Waggaa 5 booda ulaagaan murtaa'e erga guutamee eyyamni jirenyaa hin daangeffamne kennamuu danda'a.

### **Namootni koolu-galtummaa gaafatanii dhimmisaanii ilaalamaa jiru**

(waraqaa „Aufenthaltsgestaltung“ kan baatan) hanga dhimmi gaaffii koolu-galtummaa isaanii adeemaa jirutti biyyaa ari'amuun hin danda'an. Biyyaa ari'amuuf kan doorsifaman, erga waraqaan waajjira federaalaa irraa akka hin fudhatamne ibsu qaqqabee fi yeroon ol-iyyannoo irra darbee qofa dha. Waraqaa gaaffiin koolu-galtummaa didamuu ibsu irratti garuu ol-iyyannoo dhiyeessuun ni dandahama. Asirratti garuu yeroon ol-iyyannoo akka hin dabarre eeggadhaa.

### **Miseensi maatii adeemsa koolu-galtummaa gaafachuu keessa kan jiran**

Miseensa maatii dhiyoof balaan atattamaan humnaan biyyatti deebifamuu hin jiraatu, yoo miseensi maatii adeemsa koolugaltummaa gaafachuu keessa kan jiran fi waraqaa „Aufenthaltsgestaltung“ kan qaban ta'e. Miseensa maatii tokkoof adeemsi biyyaa ari'amuun dhorku hamma jirutti, ijoolleen, maatiin ijoollee fi hiriyaan jaalalaa akka seeraatti biyyaa ari'amuun hin danda'an. Yoo shakkitan maaloo abokaatoo ykn qaama gorsituu quunnamaa.

### **Namootni gaaffiin koolu-galtummaa isaanii didamee, ol-iyyatan**

(fi itti fufuun waraqaa „Aufenthaltsgestaltung“ qaban) hanga adeemsi mana murtii deemaa jirutti biyyaa ari'amuun hin dandahan. Manni murtii erga murtoo negativii

kennee fi murtoon sun seeraan cimee booda dha kan namni biyyaa ari'amuuf doorsifamu. Adeemsi ol-iyyannoo yeroo baayyee hanga waggaa tokkoo fudhata.

**Of eegganno:** Gaaffii koolu-galtummaa dabalataa didame ykn waraqaa negativii kan BAMF „offensichtlich unbegründet“ ykn „unzulässig“ (yeroo baayyee akka seera Dublin III-VO tti) jechuun murteesse hordofee ol-iyyannoон dhiyaatu biyyatti ar'amuu irraa hatattamaan nama hin eegu! Namoonni akkasii yoo ol-yyannoo atattamaan murtaa'een ala biyyaa ari'amuu danda'u. Maaloo dirqama abokaatoo ykn qaama gorsituu quunnamaa.

### Ijoolleen umurii gad-aanaa kan maatiin bira hin jirre hin ari'aman.

Garuu ammoo waraqaan biyyaa ari'amuu dhorku, kan isaaniif kennamee ture, oggaa isaan umurii guutuu ta'an (Waggaa 18 guutan) harkaa fuudhamuuf doorsifamuu malu. Oggaa umurii guutuu ta'an biyyaa ari'amuuf balaa keessa galuu danda'u jechuu dha. Maaloo yeroodhaan abukaatoo ykn qaama gorsituu quunnamaa.

### Namoota daa'ima garaatti baatan fi kan yeroo eegumsa harmootii (Mutterschutz) keessa jiran

(Dahumsa dura torban 6 fi dahumsa booda torban 8) yoo Waajjirri lammilee alaa (Ausländerbehörde) waa'ee kanaa ragaa kan of-harkaa qabu tahe. Ragaan kun yeroo baayyee waraqaa harmootii (Mutterpass) ykn waraqaa ragaa hakiima dubartootaa ta'a. Namootni daa'ima garaatti baatan fi rakkoo ulfaan walqabatu qabaatan yeroon eegumsa harmootii (Mutterschutz) osoo hin seenin waraqaa ragaa humnaan biyyaa baafamuu dhorku argachuu danda'u, yoo waa'ee kanaa ragaa qabaatan fi akka biyyaa hin baafamne gaaffii dhiyeefatan.

## **Namoota leenjii ogummaa keessa jiran kan „Ausbildungsduldung“ qaban**

(akka Seera Eyyama Jirenyaa Keewwata 60c tti): Namoota gaaffiin koolu-galtummaan isaanii didamee, garuu leenjii ogummaa keessa jiran fi waraqaa „Ausbildungsduldung“ argatan, biyyatti humnaan deebisuun hin eyyamamu. **Of-eeggannoo:** Namoonni leenjii ogummaa keessa jiran garuu kan „Ausbildungsduldung“ hin qabne, biyyaa ari’amuuf eegumsa hin qaban.

**Gorsa:** Waraqaa Duldung isa kam akka qabdan yoo hin beektan ta’e, waajjira lammilee alaa isiniif itti gaafatamu barreffamaan gaafadhaa ykn abukaatoo keessan ykn qaama gorsituu dubbisaa. 

## **Namootni „Beschäftigungsduldung“ qaban**

(akka Seera Eyyama Jirenyaa Keewwata 60d tti), hanga waraqaa „Duldung“ kana qabanitti biyyaa ari’amuu hin danda’an. Waraqaan duldung kan dalagaaf jedhamee kennamu (Beschäftigungsduldung) akka seeraatti ji'a 30f kennama. Sana booda waraqaan ragaa Duldung kan hojii kun ni dheereffama ykn immoo eyyama jirenyaatu gaafatamuu danda’a.

## **Namootni sababa seeraan Duldung qaban**

akkasuma biyyaa ari'aamuu hin danda'an. Sababoota seeraa kan jedhaman: Dadhabpii deemsaa, sababoota maatii, wagga barumsaa adeema jiru fa'a. Sababootni kunneen Waajjira Lammilee Alaa (Ausländerbehörde) biratti Ragaa mana yaalaan, Waraqaa ragaa Gaa'elaa fi waraqalee ragaa kan biroo waliin deggeramanii dhiyaachuu qabu. Eegumsi kun kan hojii irra oolu, erga ragaaleen kunneen waajjira lammilee alaan qoratamanii fudhataman qofa dha.

## **Namootni eyyama jirenyaa (Aufenthaltserlaubnis) qaban**

(fakkeenyaaaf akka Seera Eyyama Jirenyaa keewwatoota 18a, 18b, 19c, 19d, 25a, 25b, 25 Buusa. 5 ykn 23a tti) biyyaa ari’amuu hin danda’an. Eyyamni jirenyaa kun akka seeraatti wagga tokkoof kennamee iyyataan ammoo dheerata. Wagga 5 booda eyyamni jirenyaa yeroon hin daangeffamne kennamuu danda'a.

### **3. Namoonni armaan gadii balaa keessa seenuu malu**

---

Namoonni armaan gadii balaa keessa seenuu malu. Waajirri lammilee alaa eenyuun akka biyyaa ari'u yeroo hundaa murtoo dhuunfaati. Kana jechuunis, namooti kun atattamaan biyyaa ari'amuuf doorsifamu jechuu miti, garuu akka waliigalaatti yeroo kamuu qabamanii biyyaa ari'amuu danda'u, yoo tarkaanfii tokkollee hin fudhatan ta'e.

#### **Namoota biyya akka lakkisiif dirqiin irra jiru**

Namootni biyyaa ari'amuuf doorsisa jala jiran namoota gaaffiin koolu-galtummaa isaanii seeraan cimee kuffifamee dha. Kunis kan ilaallatu namoota Duldung akka seera Eyyama jirenyaa keewwatoota 60a ykn 60b qaban, namoota waraqaa daangaa ittiin ce'an (Grenzübertrittsbescheinigung-GÜB) baatan ykn waraqaa eyyama jirenyaa tokkollee of harkaa hin qabne dha. Ofeeggannaan keessattuu kan barbaachisu, yoo waajirri lammilee alaa waraqalee namaaf kennuu dhaabu, ykn chaappaa „ungültig“ jedhu itti namaaf maxxansu, eyyama hojii namarrea fuudhu, beellama Embaasii yoo namaaf qabu fi akka isa dubbisaniif beellama namaaf kennu. Maaloo Qaama Gorsituu ykn Abukaatoo dubbisaa.

#### **Namoota biyyaa akka bahaniif dirqiin irra jiru garuu yeroo dheeraaf Duldung baatan**

Haalota baayyee keessatti namoonni biyyaa ari'amuuf doorsifaman, namoota gaaffiin koolu-galtummaa isaanii waggoota baayyeen dura kuffifamee, ergasii garuu Duldung baatan dha. Isaan kun yeroo dheeraaf biyya kana jiraatan, hojii fi mana jirenyaa illee qabaachuu malu. Namoonni kun yeroo baayyee abukaatoo, namoota isaan gargaaran fi qaamota gorsituu waliin hariiroo addaan kutaniiru ta'a. Isaan kun hatattamaan eyyama jirenyaa gaafachuu qabu, yoo ulaagaalee kan guutan ta'e. (*Kutaa 6 ffaa isa „6. Ari'amuu maaltu dhorka? Adeemsa gaaffii koolu-galtummaa negativii booda karaalee itti biyya turan“*)

#### **Namoota gaaffiin koolu-galtummaa isaanii „ifatti hundee hin qabu“ jedhamuun jalaa kuffifame**

Nama akkasitti gaaffiin isaa jalaa kuffifame yeroon ol-iyyanno jalaa gabaabata akkasumas ol-iyyanno biyyaa aria'muu jalaa hin eegu. Kun kan ilaallatu namoota biyyoota nagaa irraa dhufan jedhaman fa'a. Dirqamatti abukaatoo ykn qaama gorsituu barbaadaa dubbisaa.

**Of-eeggannoo mana hidhaa biyyaa ari'uu:** Qaamolee mootummaatiif namoota qabaniif hanga biyyaa ari'anitti mana hidhaa tursuuf karaan salphateeraaf. Erga hidhamanii booda maatii, hiriyootaa fi abukaatoo dubbisuun daran ulfaataa ta'a. Nuti kan gorsinu, lakkoofsa bilbilaa barbaachisan (fknf kan abukaatoo fi nama amantan) waraqaa irratti katabdanii of biraa akka qabaattan, sababni isaas mana hidhaa keessatti bilbilli nama harkaa waan fuudhamuuf. Namoota isin gargaaraniif waraqaa bakka bu'iinsaa kennuun, yoo kan hidhamtan ta'e akka dhufanii isni dhubbisaniif ni gargaara.



## 4. Namootni Passpoortii fi Waraqaa ragaa dhalootaa hin qabne ni ari'amuu?

Eeyyee, naannoolee tokko tokko keessatti paaspoortii fi waraqaa ragaa dhalootaa osoo hin qaabaatin illee biyyaa ari'amuun ni danda'ama. Nannoleen kun mootummaa Jarmanii fi Tokkummaa Awurooppaa waliin walii galtee qabu. Walii-galteen akkasii biyyaa ari'uun paaspoortii fi waraqaa ragaa dhalootaa malee akka salphatu taasisa. Biyyootni tokko tokko Jarmanii keessatti waajjiraalee dhimma alaa waliin ta'uun eenyummaa namaa murteessuuf af-gaaffii geggeessu. Isa booda waraqaa geejjibaa kennuu fi dhiisuun, fedhii waliin hojjechuu biyya sanaa irratti hundaa'a.

**Gorsa waa'ee eenyummaa qulleessuu:** Eenyummaa qulleessuun adeemsa eeyyama jirenyaa kamiif iyyuu baayyee barbaachisaa dha. Osoo adeemsa gaaffii koolu-galtummaa keessa jirtanii Passport baafachuuf gara Embaasii deemuun dirqama miti, hin gorfamus. Garuu ammoo osoo adeemsa gaaffii kooluu galtummaa keessa jirtanii eenyummaa qulleessuuf yaaluun fakkeenyaaf waraqaa ragaa dhalootaa baafachuun barbaachisaa dha. Kan isin gargaaru, yoo waajjirri lammilee alaa isin gaafateef ragaa dhiyeessuu akka dandeessanitti yaalii gootan mara galmeessaa deemuu dha. Qaamolee mootummaa duratti jecha sobaa kan kenne qaamota gorsituu ykn abukaatoo dubbisuun gaarii dha. Namoonni baayyeen paaspoortii ykn waraqaa eenyummaa dhiyeessuuf sodaa qabu, kunis biyyaa ari'amuuf ofii haala akka hin mijeessineef jecha. Gama biraan ammoo yoo waliin hojjechuun hanqate, carraa waraqaan eyyama jirenyaa namaaf kennamuuf jiru ni danqa. **Maaloo qaama gorsituu ykn abukaatoo dubbisaa.**



---

# 5. Biyyaa ari'amuun akka dhiyaate agarsiistuu

Waajjira lammilee alaaf adeemsa biyyaa ari'uu raawwachuun yeroo fi maallaqa hedduu gaafata. Kanaaf jalqaba yaaliin godhamu, namni fedhii mataasaan akka biyya lakkisuu dha. Yeroo murtaa'e booda namni sun fedhiin biyya hin lakkisu yoo ta'e, karaa garaa garaa dhiibbaan irratti godhama, namni akka Paaspoortii baafatee feedhiin adeemuuf. Waajjirri lammilee alaa ammoo lafa jalaan waraqaan paaspoortii bakka bu-u akka argamuuf hojjeta.

Baayern keessatti Waajjirri Naannoo kan dhimma Kooluu fi Biyyatti deebisuu (Landesamt) fi Waajjirri lammilee alaa giddu-galeessaa kan aanolee (Zentrale Ausländerbehörde) namni biyya lakkisuu qabu akka biyyaa ari'amuuf akka addaatti yaalii godhu. Gaaffiin koolu-galtummaa yoo kuffifame, waajjirri lammilee alaa inni gara gadii gal mee gara waajjira lammilee alaa isa giddu-galeessaatti dabarsa. Warri kun biyyaa ari'uuf qophee jiraatu irratti gahumsa olaanaa qabaatu. Garuu ammoo waajjirri lammilee alaa inni gadi-aanaanis nama tokko biyyaa ari'uu ni mala.

**Mallatoolee akeekkachiisaa armaan gadii akka waan guddaatti fudhachuun yeroodhaan qaamota gorsituu ykn biiroo abukaatoo deemaa gorsa fudhadhaa:**

- Gargaarsi qarshii yoo hir'ifame
- Passport hin qabdan jechuun adeemsi adabbii seeraa yoo eegalame
- Mirgi bilisaan socho'uu yoo daangeffame – Bakka waajjirri lammilee alaa keessan jiru qofa jiraachuuf yoo dirqisiifamtan.
- Enyummaa quleessuuf embaasii ykn bakka bu'aa biyya keessanii duratti af-gaaffiif yoo waamamtan
- Yeroon Duldung keessanii yoo gabaabfame (guyyoota muraasa)
- Eyyamni hojii yoo isinirraa fuudhame
- Duldung yoo isinirraa fuudhame, yoo hin haareffamnee fi „ungültig“ jechuun chaappeffame.
- Waraqaan daangaa ittiin ce'an (Grenzübertrittsberechtigung) yoo kennname
- Waraqaan kamiyyuu yoo namaaf hin kennamu ta'e
- Wajjirri lammilee alaa kallattiid humaan dhiyootti ari'amuuf deemtu yoo isiniin jedhe.

# 6. Ari’amuu maaltu dhorka?

## Adeemsa gaaffii koolu-galtummaa negatiivii booda karaalee itti biyya turan

Adeemsi gaaffii koolu-galtummaa negativiidhaan yoo murtaa'e illee, namna yeroo dheeraaf Duldung baatee jiraachaa turef carraan eyyama jireenyaa argachuu ni jira. Kunimmoo yeroo mara **of-danda'uun** waajjira lammilee alaa (Ausländerbehörde) irraa gaafatamuu qaba. Maaloo qaama gorsituu ykn abukaatoo quunnamaa.

**Dambii mirga biyya turuu kan dargagootaa fi saafeloota umurii guutuu akka Seera Eyyama Jirenyaa keewwata 25a tti:** Baqattootni hundi, kan wagga 3f osoo addaan hin kutin Jarmanii keessa waraqaalee „Aufenthaltsgestaltung“, „Duldung“ ykn waraqaa jirenyaa „Aufenthaltstitel“ qabatanii jiraatan, umurii 14 fi 27 gidduutti Eyyama Jirenyaa Dargagootaa fi Saafeloota Umurii Guutuu kan akka gaariitti madaqaniif kennamu gaafachuu danda'u. Namoonni kun wagga 3f mana barnootaa seenuu ykn barnoota ykn leenjii ogummaa xumuranii waraqaa ragaa qabaachuu qabu. Eenyummaan qulqullaa'uu fi yeroo iyyata dhiyeeffattan sanatti Paaspoortiis dursitanii qabaachuun gaarii dha. Yakka cimaa kan hin hojennes ta'uu qabdu. Dabalataan yoo xinnaate ji'oota 12 darbaniif Duldung qabaachuu qabdu (Eeggadhaa: yeroon isin Duldung isa akka Seera Eyyama Jirenyaa keewwata 60b tti namoota eenyummaan isaanii hin qulqulloofneef jedhu itti qabdan hin lakkaa'amu). Ijoolleen umurii 18 hin guutne illee maatii isaaniif akkasumas obbolawan isaanii umurii 18 hin guutiniif waraqaa eyyama jirenyaa kennisiisuu danda'u.

**Dambii mirga biyya turuu kan namoota guddaa akka Seera Eyyama Jirenyaa keewwata 25b tti**

Baqattootni hundi, wagga 6f (kan qofaa jiraataniif) ykn 4f (ijoollee umurii 18 gadii kan mana keessaa qabaniif) osoo addaan hin kutin kan Jarmanii keessa waraqaalee „Aufenthaltsgestaltung“, „Duldung“ ykn waraqaa jirenyaa „Aufenthaltstitel“ qabatanii jiraatan fi akka gaariitti madaqanii jiran, eyyama jirenyaa gaafachuu danda'u. Namoonni kun Paaspoortii, ragaa jirenyaaaf irra caalatti akka of-danda'u, fi ragaa dandeettii afaan Jarmanii (A2) dhiyeessuu qabu. Haalota murtaa'an keessatti jirenyaan of danda'u irratti ilaalchi godhamuu nin danda'a, fakkeenyaaf namoota qofaa guddisan ykn hojji hojjechuu hin dandeenyeef. Waa'ee kanaaf qaama gorsituu ykn abukaatoo quunnamaa. Murtoowwan adabbii yakkaa kan hanga guyyoota 50 akka seera adabbii waliigalaatti ykn guyyoota 90 akka seera adabbii lammilee alaatti (fknf Adabbii

sababa Paaspoortii hin qabaatiniif) kan isinitti hin murtoofne ta'uu qaba.

### Seera eyyama jireenyaa kan carraa akka keewwata 104c tti

Baqattootni hundi, kan gaafa October 31, 2022 wagga shaniif osoo addaan hin kutin Jarmanii keessa waraqaalee „Aufenthaltsgestattung“, „Duldung“ ykn waraqaa jireenyaa „Aufenthaltstitel“ qabatanii jiraatan, waraqaa eyyama jireenyaa kan Ji'oota 18f hojjetu gaafachu ni danda'u, yoo yeroo iyyata galchanitti Duldung of harkaa qabaatan. Kun namoota Duldung isa akka Seera Eyyama Jireenyaa keewwata 60b tti namoota eenyummaan isaanii hin qulqulloofneef jedhu qabaniifis ni danda'ama. Bakka kanattis yakkawwan adabbii guyyoota 50 ykn 90 sababa ittiin keessaa baafamanii dha. Ji'ootni 18 kan kennamaniif, akka namni Passport mijeffatuuf akkasumas jirenyaan of danda'uuf hojii akka argatuuf dha. Waraqaan eyyama jireenyaa kun dheereffamuu **hin danda'u**. Garuu erga ji'oota 18 sana booda waraqaan eyyama jirenyaa kun gara keewwatoota 25a fi 25b seera eyyama jirenyatti jijiiramuu ni danda'a, yoo ulaagaaleen guutaman (Afaan Jarmanii A2, Paaspoortii, Hojii).

**Gorsa:** Eyyama jirenyaa tokko tokkoof ulaagaan jiru, namni tokko osoo addaan hin kutin „Aufenthaltsgestattung“, „Aufenthaltstitel“ ykn Duldung qabaachuu isaati. Yeroo baayyee garuu waraqaan Duldung kan hin kennamneef jira. Waajjiroonni lammilee alaa Waraqaan ittiin daangaa ce'an, waraqaalee eenyummaa kan biros kennuu malu, ykn ammoo waraqaa kamiyyuu hin kennan ta'a. Yeroo baayyee ammoo waajjiroonni lammilee alaa waraqaan eyyama jirenyaa hin kenninu jedhu. Kanaafuu, Duldung akka kennamuuf gaafachu fi mana murtii duratti himachuun fayyaduu mala. Kun kan ta'u garuu yoo sababni ittiin biyya kana yeroof turan qabatamaatti jiraate dha. Maaloo qaama gorsituu ykn abukaatoo dubbisaa.



### Iyyata koolu-galtummaa dabalataa:

Koolu-galtummaa dabalataan ykn irra-deebi'anii gaafachuuf sababni jiraachuu isaa warri abukaatoo qorachuu danda'u. Sababootni iyyata dabalataaf ta'an dhimmoota yeroo af-gaafii koolu-galtummaa isa jalqabaa hin kaafamin hafan ykn ergasii jijiiram dha. Kana jechuuf fakkeenyaaaf dhukkuba, jijiirraa amantaa, hariiroo saalquunnamtii saala walfakkaatuun as bahuu, dhaqna-qabaa dubartii kanaan dura geggeeffameen booda sirreeffamaaf wal'aansa baqaqsanii hodhuu taasifame ykn ragaalee haaraa. Biyya keessaa dhufan keessatti jijiiramootni hamoon kan

qabatamaatti gabaasaan deggeraman illee iyyata dabalataaf sababa ta'uu danda'u.

**Gorsa:** Waajjira lammilee alaa (Ausländerbehörde) waa'ee dhukkubaa, leenjii ogummaa dhufaa jiru, fuudhaa fi heeruma milka'a'e, ulfaa'uu, daa'imni dhalachuu, akkasumas biyyatti madaquu keessan kan agarsiisu kan akka hojii tola-ooltummaa ykn mana barumsaa afaanii deemuu beeksisuun barbaachisaa dha. Sababni isaa yeroo baayyee qaamoleen mootummaa dhimmoota barbaachisoo biyyaa ar'amuu irraa nama baraaruu danda'an kana hin beekan.



### **Waraqaa „Duldung“ kan leenjii ogummaa (Ausbildungsduldung):**

Baqattootni hundi kan gaaffiin koolu-galtummaa isaanii jalaa kuffifamee garuu ammoo osoo adeemsa sana keessa jiranii leenjii ogummaa egalanii jiran, waraqaa Duldung kan leenjii ogummaaf akka Seera Eyyama Jireenyaa Keewwata 60c tti namaaf kennamu gaafachuuf mirga qabu. Duldung kun hanga leenjiin ogummaa xumuramutti hojjeta, sodaa biyyaa ari'amuu irraas yeroo kanaaf isin eega. Erga adeemsi gaaffii koolugaltummaa negativ dhaan xumuramee illee leenjii ogummaa eegaluun fi Ausbildungsduldung gaafachuun ni danda'ama. Kun garuu kan ulfaatu, waajjiraaleen lammilee alaa yeroo baayyee waan didanii fi waraqaan kun kan namaa kennamu erga namni ji'a sadiif Duldung qabaatee booda waan ta'eef. Yeroo kanatti biyyaa ar'uuf qopheessuuf tarkaanfileen fudhatamuu malu. Erga leenjiin ogummaa milkiin xumuramee booda eyyama jirenyaa akka seera Eyyama Jirenyaa keewwata 19d tti gaafachuun ni danda'ama. Baatii Bitootessaa 2024 A.L.A. irraa kaasee ammoo ulaagaan yoo guutaman, eyyama jirenyaa leenjii ogummaaf akka seera Eyyama Jirenyaa keewwata 16g tti gaafachuun ni danda'ama. Namni waraqaa Ausbildungsduldung of harkaa qabu, waa'ee eyyama jirenyaa kanaa qaama gorsituu irraa hubachuun gaarii ta'a.

### **Eyyama jirenyaa leenjii ogummaaf akka Seera Eyyama Jirenyaa keewwata 16g tti:**

Bitootessa 1, 2024 A. L. A irraa eegalee namoonni biyya lakkisuuf dirqamni irra jiru kan leenjii ogummaa irra jiran eyyama jirenyaa leenjii ogummaaf (Ausbildungserlaubnis) akka seera Eyyama Jirenyaa keewwata 16g tti gaafachuu danda'u. Ulaagaan jiruakkuma kan Ausbildungsdulgung sana leenjii ogummaa akkasumas jirenyaan of danda'uu fi passport qabaachuu dha. Ifatti ibsuuf: namni jirenyaan of danda'ee passport ammoo qabu eyyama jirenyaa (keewwata 16g) argachuu danda'a, kan kana hin qabne garuu Ausbildungsduldung keessatti hafa.

### **Duldung sababa hojiif (Beschäftigungsduldung):**

Duldung sababa hojii akka Seera Eyyama Jirenyaa keewwata 60d, namoota



dirqamni biyya lakkisuu irra jiru kan yeroo dheeraaf dalagaa qabaniif tasgabbii kenna. Duldung kana argachuuf ulaagaan jiru namni tokko hanga 31.12.2022 A.L.A. biyya Jarman yoo seenee dha. Akkasumas hojii qaraxa mootummaaf itti kaffalan ji'oota 12 darbaniif kan hojjetee jirenyaan of danda'e, ji'oota 12 darbaniif Duldung kan qabaatee fi afaan jarmanii ga'aatti kan dubbatu ta'uu qaba. Hojiin torbanitti yoo xinnaate sa'a 20 ta'uu qaba. Dabalataan eenyummaan nama sanaa qulqullaa'uu qaba. Yakkootni gurguddoon jiraachuu hin qaban. Waraqaan Duldung kan hojii kun akka seeraatti ji'oota 30f namaaf kennama.

### **Sababoota Maatii - Gaa'ela fi Ijoollee**

Gaa'elli nama lammii Jarman ykn nama waraqaa eyyama jirenyaan qabu tokko waliin taasifamu gara ofii Eyyama Jirenyaan argachuutti nama geessuu danda'a. Mucaan tokko Jarman keessatti dhalachuun garuu kallattiin gara eyyama jirenyaatti hin geessu. Abbaa fi Haadha keessaa namni tokko yoo eyyama jirenyaan qabaate ykn lammummaa Jarman qabaate, karaa kana Eyyamni jirenyaan argamuu danda'a. Garuu darbee darbee waajjirri lammilee alaa biyyaa akka baatan dirqisiisuu mala. Yoo akkas ta'e adeemsi Visa kan Gaa'elaa ykn maatiitti dabalamuu eegalamuu qaba. Kun haalli itti hin uumamne ni jira, innis yoo biyya lakkisuun yeroo ammaa ykn yeroo dheeraaf kan ulfaatu ta'ee dha.

### **Eyyama Jirenyaan xumura leenjii ogummaa booda:**

Seerri Eyyama Jirenyaan keewwati 19d akka jedhutti, namoonni Duldung qaban yoo barnoota leenjii ogummaa milkiin xumuran eyyama jirenyaan gaafachuu danda'u. Kana kan argachuu dandeessan, yoo yeroo sanatti Duldung of harkaa qabaattan fi hojii qabaattan ykn eegaluuf abdiin jiraatee dha; kunis hojii ogummaa itti leenjitan sanaan walgitu ta'uu qaba.

### **Dhukkuba/ Deemsaa dadhabuu:**

Dhibee hamaa fi ulfaataan akka namni Duldung sababa dadhabii deemsaa yeroo gabaabaaf ykn dhorkaa biyyaa ari'amuutti argatu gochuu danda'a. Yeroo baayyee garuu waajjirri lammilee alaa ykn BAMF waraqaa ragaa ogeessa fayyaa hin fudhatan. Waraqaan ogeessa fayyaa ulaagaa Seera Eyyama Jirenyaan keewwata 60a Buusa 2c guutuu qaba. Ulaagaan kun garuu baayyee ol ka'aa dha. Darbee darbee karaa hakiima mootummaa akka ilaalamtan ajajamuu mala. Hakiimni mootummaa bu'aan qorannoo sun sirrii ta'uu isaa ilaala. Maaloo qaama gorsituu ykn abukaatoo dubbisaa.

### **Komishinii Haala Rakkinaa**

Baqattootni Jarman keessa wagaa afuriif jiraatan, hojjetan ykn leenjii ogummaa irra jiran fi kan gaariitti madaqan, gara Komishinii Haala Rakkinaa (KHR) tti eeramuu danda'u.

Garuu of-eeggannaan barbaachisaa dha: dhimmi namaa KHR tti eeramu illee biyyaa ari'amuu nama hin oolchu. Bakki kun akka dhuunfaatti dubbifamuu qaba. Sababootni KHR itti dhimma namaa hin ilaalle jiru. Kunis akka fakkeenyaatti yakka keessatti hirmaachuu fi biyyaa ari'uuf qophiin eegalamuu (fknf. xiyyaarrti balalii qabamuu) dabalata. Waraqaa eeyyama jirenyaa sababa haala rakkinaaf kennamu argachuuf akka Seera Eyyama Jirenyaa keewwata 23 tti Passportin dhiyaachuu qaba. Kana malees petishiniin kanaan dura mana maree naannoo Bayern tti dhiyaatee fi kuffifame illee yoo jiraate, Komishinii Haala Rakkinaa akka dhimmicha hin ilaallee taasisa.

### **Petishinii Mana Maree Naannoo**

Mana Maree Naannoo Bayerntti petishinii dhiyeessuuf carraan ni jira. Petishiniin murtoo qaama mootummaa Bayern kan akka dhorka hojii ykn biyyaa ari'amuu dhufaa jiru ilaalcissee komii paarlaamaatti dhiyaatuu dha. Foormii ykn unki ittiin petishinii dhiyeessan marsariitii Mana Maree Naannoo Baayern irraa argamuu danda'a. Petishiniin tokko biyyaa ari'amuu akka oolchu haala dhuunfaa irratti hundaa'a.

### **Waldaa Kristaanaatti baqachuu (Kirchenasyl):**

Namootni gaaga'aman tokko tokko gara Waldaa Kiristaanaatti baqachuu ni danda'u. Garuu koolu-galtummaa waldaa kristaanaa kanaaf bakki jiru muraasa. Waldootni Kristaanaa yeroo baayyee kan gaafatan, eyyama jirenyaa argachuuf abdiin karaa seeraa yoo jiraate dha, fakkeenyaaf dhimma Dublin irratti yeroon yoo irra darbee biyyaa ari'amuun kan hafu ta'e. Isin garuu waldoota kristaanaa beektan deemtanii gaafachuu dandeessu. Marsariitii [www.kirchenasyl.de](http://www.kirchenasyl.de) irraa odeeffannoo barbaachisu hunda ni argattu.

### **Biyyaa bahanii deebi'anii seenuu:**

Namoota tokko tokkoof kan filmaata ta'u, yeroo gabaabaaf biyya irraa dhufan ykn biyya ollaa keessa qubatanii achirraa Visa dhaan deebi'anii seenuu dha. Yoo biyyaa ari'amuun waan hin hafne ta'e, „fedhii ofiin“ biyya lakkisanii deebi'anii dhufuun filmaata dhumaa ta'uu mala. Sababni isaa: oggaa humnaan biyyaa ari'aman, kun xiinsammuu namaaf miidhaa qabaata. Dabalatees waajjirri lammilee alaa yeroo baayyee erga nama ari'ee booda akka namni deebi'ee hin seenneef dhorkaa waggaan baayyee kenna. Deebi'anii biyya seenuun dura baasii biyyaa isin ari'uuf isintti baafame illee akka kaffaltan godhama.

Visa dhaan deebi'anii seenuuf ulaagaan jiraachuu malu, carraa hojii ykn barnoota leenjii ogummaa argachuu, Gaa'ela, ykn dhalachuu daa'imaa fa'a. Osso fedhii ofiin biyya hin lakkisin dura waajjira lammilee alaa naannoo keessan jiru irraa eyyama deebi'anii biyya seenuu fudhachuun barbaachisaa dha. Visa dhaan deebi'anii dhufuuf ragaaleen jirenyaan of danda'uu, mana jirenyaa, waliigaltee hojii fi dandeettii

afaanii agarsiisan dhiyaachuu qabu. Visan akka kennamu kan murteessu embaasii Jarman biyya keessan jiru waajjira lammiilee alaa naannoo keessan jiru waliin dubbatee ti. Maaloo qaama gorsituu ykn abukaatoo dubbisaa.

### Dambiwwan seeraa haaraa erga 2024 jiran

Seeronni haaraan kun kan ilaallatan keessattuu kaardii EU cuqliisa isa „Blaue-Karte-EU“ fi Eyyamoota jirenyaa akka seera eyyama jirenyaa keewwatoota 18a fi 18b tti, akkasumas kanneen karaa namoomaan (humanitarian) waraqaa argatanii amma jijiiruu barbaadan dha. Kan inni ilaalu keessattuu Ogeeyyi fi namoota leenjii ogummaa qaban dha. Odeeffannoo dabalataa marsariitii GGUA e.V. irraa argattu. Seerota haaraa ba'an kana irraa yoo nan fayyadama jettanii yaaddan qaama gorsituu barbaadaa dubbisaa.

**Gorsa:** Yakka keessatti hirmaachuun carraa eyyama jirenyaa argachuu hedduu namatti cufa. Namni yakka waliigalaatiin adabbiin guyyaa 50 fi isaa olii itti murtaa'e ykn yakka eyyama jirenyaan walqabateen (fknf. Passport dhabuun, seeraan ala biyya seenuu) adabbiin guyyaa 90 olii itti murtaa'e, akka seeraatti carraa eyyama jirenyaa argachuu keessaa ala ta'a. Yeroo tokko tokko daangaan jiru gadaanaa ta'a. Kana jechuun, adabbiin qarshii xixiqoon illee akka namni eyyama jirenyaa hin arganne ni taasisu. Namni ajajni adabbii isa qaqqabe hatattamaan abukaatoo bira haa deemu. Abukatoonni kun kan seera yakkaa fi dhimma eyyama jirenyaa irratti hojjetan osoo ta'anii filatamu.



# 7. Carraawan fi karaaleen kan biroon jiran maali?

---

## Afaan Jarmanii baradhaa

Dandeettiin afaan Jarmanii fi hojiin ogummaa carraa biyya keessa turuuf ni fayyadu: Yeroo adeemsa gaaffii koolu-galtummaa keessa jirtan gubuu irra afaan barachuu fi waraqaalee ragaa kan barnootaa, eenyummaa ittiin qulleessan fi kan ragaa dhukkubaa ibsan qopheeffachuun barbaachisaa dha. Adeemsi koolu-galtummaa yoo negatiivii dhaan xumurame, carraa afaan Jarmanii barachuu ykn eyyama hojii argachuu yeroo baayyee ni ulfaata.

Namoonni gaaffiin koolu-galtummaa isaanii ilaalamaa jiru ammuma eyyama „Integrationskurs“ barachuuf nama dandeessisu gaafachuun gaarii dha. Eyyama sanaan afaan barachuuf „Integrationskurs“ dhaaf galmaa’uu ni dandeessu, kaffaltii isaa ammoo BAMF tu danda’a. Gaafiin koolu-galtummaa negativii dhaan xumuramnaan garuu mirgi eyyama kana argachuu hin jiraatu.

Yoo gaaffiin koolu-galtummaa keessan erga kuffifamee Duldung qabdu ta’e, ofii keessanii kaffaltanii afaan Jarmanii barachuu dandeessu. Garuu ammoo qaama gorsituu naannoo keessan jiru kaffaltiin kun osoo Duldung qabdan akka isiniif kaffalamuu danda’u gaafadhaa. Yoo karaa warra tola barsiisanis ta’e kan mootummaa barachuuf carraan hin jiru ta’e, afaan jarmanii ofii keessan of barsiisaa. Kanaaf ammoo tajaajilli karaa interneetii fi aappii garaa garaa ni jiru.

**Hammuma daftanii afaan jarmanii barattaniin fayyadamtu. Yeroon irra darbu hin jiru. Har’uma jalqabaa!**

## Hojii

Hojiin qofti biyyaa ari’amuu nama hin baraaru. Garuu ammoo carraa biyya kana turuuf hojiin karaa baayyee nama gargaara (armaan ol ilaali). Akka seeraatti namni gaaffii koolu galtummaa dhiyeesse tokko ji’a 6 booda (erga gaafa 1.3.2024) Jarman keessatti hojjechuu ni danda’a, yoo dhimmi koolu-galtummaa isaa seeraan hin xumuramne ta’e.

Namoonni Duldung qaban, kan eenyummaa isaani qulqulla’e fi mooraa baqattootaa

ala jiraatan, akka seeraatti Jarmanii seenanii ji'a 3 booda yoo waajjiirri lammilee alaa itti walii gale hojjechuu danda'u. Garuu yoo akka isin as hin jiraanneef tarkaanfiin jalqabameera ta'e, kun hin hojjetu.

Eyyama hojii barreeffamaan gaafattanii, isa booda diddaan barreeffamaan yoo isin qaqqabe, qaama gorsituu ykn abukaatoo dubbisaa. Hojiin ogummaa (waraqaa ragaa barnootaa ykn leenjii ogummaa warra qabaniif) qacarrii akka gargaartuu tti ykn waraqaa ragaa malee ta'u ni caala. Yoo dhaabbataa dhaan hojii gargaarsaa hojettan, salphaatti hojii keessan dhabuu dandeessu ykn mindaan keessanis ni xiqlaata. Hojii ogummaa dhana hojjetamu qofatu gara fuulduraatti jirenyaan of danda'uuf wabii isinii ta'a.

### Nannawa deggersaa

Nuti qaamota dhimmi ilaallatu, deggartootaa fi abukaatowwan waa'ee beellama dimshaashaan biyyatti deebisuu ilaachisee odeeffannoo ni kenninaaf, akka isaan namoota gaaga'ama jala jiranitti dabarsiif. Garuu yeroo baayyee beellama biyyaa ari'uutu nuti erga jala gahee waan dhageenyuuf, abukaatoo dhaaf bilbiluuf yeroo gahaan hin jiraatu.

Kanaan dura wanti barame namoonni guyyaa poolisiin biyyatti deebisuuf isaan barbaadu hin argamani. Namoonni yoo baayyate halkan 3 fi guyyaa 3 mooraa dhaa ala bahanii buluu danda'u, osoo akka namoota dhokataniitti hin lakkaa'amin. Yoo galmee keessaa kan baafamtan ta'e, kana ofirraa qolachuu dandeessu. Qaama gorsituu ykn abukaatoo dubbisaa.

Nuti kan gorsinu, akka namni lakkofsota bilbilaa barbaachisoo (fknf kan abukaatoo ykn nama amantan tokkoo yoo kan hidhamtan ta'e) of biraa akka qabaattan dha. Darbees namoota isin gargaaraniif bakka bu'iinsi barreeffamaa maqaa nama gaaga'ama jala jiru sanaatiin qabaachuun ni gargaara, fknf odeeffannoo tokko tokko qaamota mootummaa irraa argachuuf.

### Akkaataa mana barumsaa fi bakka hojiitti itti jiraatan

Mana barumsaa leenjii ogummaa fi bakka hojii deemanii nama barbaaduu danda'u. Manneen barnootaa fi namoonni dhuunfaa kan akka abbootii hojii, qaamota mootummaa nama biyyaa ari'uuf socho'an gargaaruuf dirqama hin qaban. Bakka isin jirtan odeeffannoo qaamota mootummaaf kennuun irra hin jiru.

Odeeffannoo yeroo biyyaa ar'aman maal akka godhamu asirraas argachuu dandeessu:  
<https://noborderassembly.blackblogs.org/booklets/>

Hubadhaa: Namni yaalii biyyaa ari'amuu jalaa miliqu, ammayuu gaaga'ama jala jira. Asirratti tarkaanfiin ariitiin fudhatamuu qaban, eyyama jirenyaa akka argattanii fi mana hidhaa warra biyyaa ari'amaniif qophaa'e akka hin seenne dha.

### **Yeroodhaan irratti hojjedhaa**

Abukaatonni dhimma seera koolu-galtummaa yeroo baayyee maamiltoota hedduu qabaatu. Yeroo baayyee abukaatonni maamiltoota isaanii hunda secca'anii karaa isaan biyya kana jiraatan adda baasuu hin danda'an. Kanaaf abukaatonni fi qaamni dhimmi kun ilaallatu gargaarsa barbaadu. Haalota baayyee keessatti biyyaa ar'amuun dhaabachuu danda'a, yoo namni tokko karaa abukaatoo dhimmisaa akka gaariitti hordofamee fi gorfame, iyyatootni barbaachisoon yeroodhaan akka galfamanitti.

### **Hirmaannaa siyaasaa**

Imaammata kana namni mormuu barbaade, dhiibbaa siyaasaa geessisuu danda'a, fakkeenyaaaf bakka bu'aa uummataa naannoo ofii quunnamuun ykn filmaata dhufaa jiruuf xiyyeffanna kennisiisuun. Yeroo tokko tokko bakka bu'aa uummataa quunnamanii akka inni nama gargaaruu fi dirqiin biyyaa ari'amuu akka dhaabu gochuun ni gargaara. Mormii fi hiriironni nagaa akkasuma ni danda'amu.

### **Wal-hidhanna**

Namoota gaaga'aman bayyinaan qaqqabuuf wal-hidhannaan ykn networking barbaachisaa dha. Marsariitiin kun

<https://noborderassembly.blackblogs.org/de/abschiebe-alarm/> beellamoota nama ittiin dimshaashaan biyyatti deebisan ni tarreessa. Sosochii baqattootaa keessatti hirmaadhaa odeeffannooakkasii yeroo yerootti argadhaa. Furmaatni dimshaashaa hin jiru. Biyyaa ari'amuun dhaabbate jechuun ammayyuu as jiraachuuf wabiin jira jechuu miti. Tarkaanfileen asitti tarreeffaman garuu walitti qabamanii gara milkiitti geessuu ni danda'u. **Walii wajjin haa yaallu!**

## 8. Mirga turtii namoota maraaf - Namni seeraan-alaa hin jiru!

---

Manni Maree Baqattootaa Bayern (Bayerischer Flüchtlingsrat) dirqiin biyyatti deebisuu cimsee morma. Baqattootni biyyatti deebi'uun fedhii fi murtoo ofiin qofa ta'uu qaba. Nuti isa baqattootni hawaasa irraa adda baafamuun kuusaa keessa jiraatan ni mormina, namoota hundaaf mirga walqixaaf falmina. Isin waliin ta'uun mirga turtii isa dhugaaf baqattootaa fi godaantota maraaf ni falmina.

### **Qunnamtii**

Beellama argachuuf dursa nu dubbisaa. Nuuf bilbilaa ykn email barreessaa teessoo armaan gadiin:

**Büro München | Bayerischer Flüchtlingsrat | Westendstr. 19 | 80339 München |**  
**Tel: 089 – 76 22 34 | Fax: 089 – 76 22 36 | [kontakt@fluechtlingsrat-bayern.de](mailto:kontakt@fluechtlingsrat-bayern.de)**

**Büro Nordbayern | Bayerischer Flüchtlingsrat | Gugelstr. 83 | 90459 Nürnberg |**  
**Tel: 0911 – 99 44 59 46 | Fax: 0911 – 99 44 59 48 | [kontakt@fluechtlingsrat-bayern.de](mailto:kontakt@fluechtlingsrat-bayern.de)**

